



DISCOVER  
— ITS BEAUTY —

Kutaa 3ffaa

**BU'UURA**  
**ISLAAMAA**

DR. NAAJII IBRAAHIIM



# Bu'uura Islaamaa

Islaamummaan karri jireenya gammachuu, quufaa fi jireenya bara baraa, Rabbii dhugaa Allaah fi Nabiyyii isaa isa dhumaa Muhaammaditti amanuudhaan akka ta'e nu barsiisa.

Tasgabbii sammuu, gammachuu fi fayyina argachuuf Rabbii fi Nabiyyoota isaatti amanuun qofti gahaa akka hin taane Islaamummaan nutti hima! Isa **QOFA gabbaruu**, abboommii isaatiif ajajamuu fi hojii gaggaarii hojjechuudhaan fedha rabbii raawwachuu qabna.

Kana malees, Rabbiin waa'ee rahmata, mindaa fi jannata Rabbiin warra isatti amananii fi isa qofa gabbaranii fi hojii gaarii hojjetaniif qopheesse Qur'aana keessatti nuuf ibseera.

- ***“Warri amananii, gaggaarii hojjatan isaan warra jannataati. isaan ishee keessatti hafanuudha.”*** (2:82)
- ***“Rabbiin isaan amananii gaggaarii hojjatan, isaaniif araaramaa fi mindaa guddaatu jira (jechuun) waadaa seeneera.”*** (5:9)
- ***“Warreen amananii, gaggaarii hojjatan, Jannanni Firdaws qubsuma isaaniif taatee jirti.”*** (18:107)



# Hiika Islaamummaa

Islaamummaan fedhii Allaah Rabbii tokkicha jalatti buluu jechuudha. Kanaaf tokkummaa Rabbiitti amanuu (**Towhiida**), Isa qofa *gabbaruu*, Abboommii isaaf bitamuu fi fedha isaatiif bitamuun hundee ergaa Allaah irraa Nabiyyootaa fi ergamtoota hundaaf ergamedha. Jechi **'bitamuu'** jedhu kunis hiika jecha afaan arabaa **'ISLAAM'** jedhuuti.

Nabiyyoonni fi ergamtoonni Rabbii (Allaah) hundi ergaa tokko waan lallabaa turaniif amantiin isaanii tokko ta'uu qaba!

Qur'aanni **'Islaamummaan'** (Rabbiif bitamuun) amantiin dhugaa Aadamif Hawwaa akkasumas sanyii isaanii hanga guyyaa qiyaamaa ta'uu isaa mirkaneessa. Qur'aannis akkas jedha:

- ***“Dhugumatti amantiin Rabbiin biratti [fudhatama qabu] Islaama qofa.”*** (3:19)
- ***“Dhugumatti, qajeelfamni Rabbii isatu qajeelfama (sirrii) ti. Nuti Gooftaa aalamaatiif akka tole jennu ajajamnee jirra jedhi.”*** (6:71)
- ***“Sila amantiin Rabbii malee kan biraa barabaadanii? odoo wantoonni samii fi dachii keessaa hunduu fedhaan yookiin dirqamaan isaaf (Rabbiif) ajajamee jiruu. gara isaatti deeffaman.”*** (3:83)



***“(Mu’uminoonni) jedhaa: Nuti Rabbitti amannee jirra; waan gara keenyatti buufamettis; waan gara Ibraahiim, Ismaa’iil, Isihaaq, Ya’aquubii fi Asbaaxitti buufametti (amannee jirra) Waan Muusaa fi lisaan kennamanittis, Waan nabiyyoonni Gooftaa isaanii irraa kennamanittis (amannee jirra), Isaan irraa gidduu nama tokkoos addaan hin baafnu, Nuti warra Isaaf bitameedha.” (2:136)***

Kan nama ajaa'ibu garuu hiikni Islaamaa Macaafa Qulqulluu keessattillee kan mul'atu yoo ta'u; akkas jedha:

- *Waaqayyoof bitamaa isa waliin nagaa qabaadhaa karaa kanaan badhaadhinni isiniif ni dhufa. (Iyoob 22:21)*
- *Waaqayyoof bitamaa. (Yaaqoob 4:7)*

Akkuma barsiisni Islaamaa Rabbitti amanuun - hojii gaarii fi hojii qajeelaa osoo hin hojjetiin - fayyinaa fi jireenya bara baraa (firdawus) argachuuf gahaa akka hin taane nutti himu, Macaafni Qulqulluunis akkas jedha:

- *Ani Gooftaan garaa qoradhee sammuu qoradha, tokkoon tokkoon namaatiif akka amala isaatti gatii isaaf malu kennuudhaaf, akka hojii isaatti. (Erimiyaas 17:10)*
- *Namni amantii qofaan osoo hin taane hojiidhaan akka qajeelaa ta'u ni argita... Akkuma qaamni lubbuu irraa adda ta'e du'aa ta'e, hojiin amantii irraa adda ta'es du'aadha. (Yaaqoob 2:24-26)*







# Muslimtoota Islaamummaa shaakalan (Hojiirra oolchan)

Dhugumatti Muslimoonni Allaahatti (Rabbii dhugaa tokkicha) amanuu qofa osoo hin taane hojii gaggaariis ni hojjatu. Iisaa, Muhammad fi Nabiyyoonni hundi abboommii isaan barsiisan fi ajajan hordofu, isaanis Rabbii isa dhugaa tokkichatti amanuu, du'aayii gochuu, sagaduu, soomana fi sadaqaa kennuu, waan gara fuulduraatti ta'uuf, *"Rabbiin yoo fedhe (Inshaa Allah)* waan gara fuulduraatiif, salaamataa Muusaa, Iisaa, Muhammad fi Nabiyyootaa fayyadamuun," Nagaan isinirra haa jiraatu **(Assalaamu Alaykum)** jedhu fayyadamuun amanticha shaakalan.

Kunneen fakkeenyota muraasaa fi ragaalee dhugaa, tokkummaa fi addunyaaleessummaa amantii ajaa'ibaa fi bareedaa ta'e amantaa Nabiyyoota Rabbii hundaa **'Islaamummaa' (Rabbiif bitamuu)** ifatti agarsiisaniidha.

Qabatamaan yoo ilaalle, Muslimni yookaan namni Islaamummaa fudhachuu barbaadu ulaagaalee fi bu'uuraalee Islaamummaatti amanuu qaba.



Rabbii Tokkicha  
Dhugaatti amanuu

الله



# Ulaagaalee Ja'an Iimaanaa Islaamummaa keessatti

**1. Rabbitti amanuu** - Jiraachuu isaa, tokkummaa isaa (Afaan Arabaatiin, **Tawhiida**), Gooftummaa, Maqaa fi Amaloota Addaa Isaa fi Inni gofti ibaadaan akka maluu amanuudha.

Qur'aanni kabajamaa ta'ee fi Nabi Muhammad waa'ee Rabbii dhugaa tokkicha ta'ee, maqaa fi amaloota Rabbii nu barsiisaniiru. Guddina Rabbii guutummaatti gonkumaa hubachuu hin dandeenyu, garuu gaafa waa'ee isaa sirritti barruu caalaatti isa jaallachuu fi gabbaruu jalqabna. Maqaa fi amaloonni Rabbii muraasni kan armaan gadiiti:

Allaah (maqaa rabbii isa sirrii), Gooftaa, hundaaf rahmata kan godhu, mu'mintootaaf rahmata kan godhu, Uumaa, Gooftaa Ol'aanaa, Qulqulluu, Gaarii Ifa baasaa, Madda nagaa fi kan hunduma beeku, hunduma argu, hunda dhaga'aa, Guddaa, hundaaf dhiifama godhu, Inni Irra Ol'aanaa, Guddaa, Jaalala, Rahmata, Arjaa fi Dhugaadha.

Nabi Muhammad (Sallallahu alayhi wassallam) akkana jedhan: **"Amaloonni guutuun bareedinaa fi guutuu ta'uu kan Rabbiiti."** Rabbiin bareedina ni jaallata.



# Ulaagaalee Ja'an Iimaanaa

## Islaamummaa keessatti (kan itti fufe...)

**2. Malaayikotatti amanuu** - isaanis Rabbiin galateeffachuu fi ajajamuuf kan uumamani dha.

**3. Kitaabota Rabbiitti amanuu** - jechoota Rabbiin jalqaba Ibraahiim, Daawud, Muusaa fi Iisaa irratti buuse dabalatee, **amanuuf** Qur'aanni kabajamaa ta'es jecha Rabbii isa dhumaa, qulqulluu fi dhugaa Nabi Muhaammaditti ergame ta'uu isaa amanuudha.

**4. Ergamtootaa fi Raajota Rabbii hundumaatti amanuu** - Aadam, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaa fi Muhaammad dabalatee, dhugaa dubbachuuf, Muslimni Muusaa fi Iisaa (fi warri kaan) raajota Rabbii, Uumaa, Rabbii dhugaatiin ergaman ta'uu yoo hin amanne mu'mina dhugaa miti.

**5. Guyyaa Qiyaamaatti amanuu** - Guyyaa murtii fi itti gaafatamummaatti amanuu. Guyyaa sanatti ilmi namaa hundinuu akka amantii fi gocha isaatti Rabbiin biratti ni faradama.

Murtii Rabbii kana booda warri Rabbitti amananii fi hojii gaggaarii hojjetan Jireenya gammachuu fi bara baraa Jannata keessatti ni qabaatu. Warri Rabbitti kafare, warri hojii gaarii hin hojjannee fi warri fincilan (yoo Rabbiin fedhe) ibidda Jahannamaa keessatti darbatamu.







# Ulaagaalee Ja'an Iimaanaa Islaamummaa keessatti (kan itti fufe...)

**6. Hiree Rabbi dursee murteesse** - fi beekumsa dhumaa inni waan hunduma irratti qabutti amanuu.

Garuu Mu'mintoonni Rabbiin waan abdataniif; wanti gaariinis wanti hamaanis isaan mudatullee waan Rabbi isaaniif murteesse hundumattuu gammadoodha. Yeroo balaan yookaan rakkoon uumamu abdii kutachuu ykn yaadda'uu dhiisuuf ni yaalu. Kanaa mannaa, haala isaan keessa jiran fooyyessuuf waan danda'an hunda godhu garuu dhumarratti gargaarsa, deeggarsaa fi mindaa argachuuf gara Rabbii deebi'u.

Amantiin bareedaan Rabbitti amanuu fi labsii isaa kun balaa fi gidiraa Muslimoota mudatu hunda keessa osoo jiruu Muslimootaaf tasgabpii sammuu fi quufa argamsiisa, ykn aggaammii, weerara, dhuunfatamuu fi lafa isaaniitti fayyadamuu, boba'aa fi qabeenya isaaniitti fayyadamuu kan har'a addunyaa kana irratti raawwatamaa jiruu fi haqa dhabsiisuu, qoqqoodiinsa, loogii fi maqaa balleessiin isaan mudatee fi isaan mudatu jiraatus.





# Utubaawwan Islaamummaa shanan

Islaamummaan amantii kana akka shaakallu nu barsiisa. Akkasumas walumaagalatti Muslimoonni fi warri Islaamummaa fudhachuu barbaadan hojii gaggaarii hojjechuu bira darbee ulaagaalee utubaawwan shanan kana hojiirra oolchuu qabu.

## 1. *Shahaadaa* (dhugaa ba'umsa amantii):

Ragaa bahiinsi kun utubaa fi karra Islaamummaa keessaa isa guddaadha.

Kana fakkaata Afaan Arabaatiin:

***ASH-HADU ALLAA ILAAHA ILLALLAAH  
WA ASH-HADU ANNA MUHAMMADAN  
RASUUL-ALLAAH.***

Hiikni isaas:

***“Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaan baha, Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta’es ragaa nan ba’a.”***

Kun ragaa iimaanaa namni tokko Islaamummaa fudhachuuf sagalee dhageessisuu qabuudha; dhugaa, bareedinaa fi salphaa ta'uu Islaamaa gabaabsee ibsa.



# Utubaawwan Islaamummaa shanan

(kan itti fufe...)

## 2. **Salaata:**

Salaanni salaata shanan guyyaa guyyaan dirqama ta'ee fi Muslimoonni hundi raawwachuu qaban agarsiisa. Hojiiwwan ibaadaa kunneenis dhaabbachuu, jilbeenfachuu fi sujuuda gochuu; kutaalee Qur'aanaa qara'uu, Rabbiin faarfachuu fi yaadachuu; Rahmata, dhiifamaa fi Jannata kadhachuu of keessatti qabata.

Bareedinni fi humni Salaataa guddina hafuuraa, jajjabina fi deeggarsa xiinsammuu, akkasumas boqonnaa, tasgabbii fi quufa lubbuu, sammuu fi garaa keenyaaf nuuf fida. Yeroo hundumaa halkanii fi guyyaa kadhannaan jiraachuun isaa Rabbiin akka yaadannu nu gargaara.

Salaata wanti daran bareechu Nabiyyoonni Rabbii - Aadam, Nuuh, Ibraahiim, Muusaa, Iisaa fi Muhammad dabalatee - Rabbii dhugaa tokkichaaf salaatu fi sujuuduu isaaniiti. Kana jechuun Muslimoonni faana raajotaa fi ergamtoota Rabbii hordofaa jiru.

Kana malees, jaalala Rabbii, fedha Rabbiittif bitamuu fi Rabbitti harka kennachuu, du'aayii gochuu, tokkummaa, walqixxummaa, Ikhlaasa, obsa, gad of qabuu fi garraamummaan salaata keessatti kan mul'atu fi kan salaata irraa barannudha.

Dhugumatti, salaanni bareedaan, Zikrii (Rabbiin yaadachuu), Istighfaara (rahmata barbaaduu) fi Du'aa (kadhannaa) Rabbi qofaaf taasifamu furtuu tasgabbii sammuu gadi fagoo fi ajaa'ibaa, nagaa fi barakaati.





# Utubaawwan Islaamummaa shanan

(kan itti fufe...)

## 3. *Zakaa* (Sadaqaa):

Zakaan dirqama qabeenya ofii keessaa hamma murtaa'e hiyyeessaa fi rakkataaf kennuudha. Qabeenyaa fi qarshii keenya ni qulqulleessa, yeroo wal-fakkaatutti dognummaa fi gidiraa irraa nu qulqulleessa. Kunuunsaa fi walii qooduu kan barsiisu yoo ta'u; kunis riqicha cimaa wal Jaalalaa fi wal kabajaa dureeyyii fi hiyyeeyyii gidduutti ijaara. Dhugumatti, deeggarsa, gargaarsa, gamtoominaa, fi tokkummaa walumaagalatti hawaasa ni jajjabeessa.





# Utubaawwan Islaamummaa shanan

(kan itti fufe...)

## 4. Sawm (Sooma):

Sooma jechuun ji'a Islaamaa Ramadaanaa barii hanga aduun lixxutti nyaataa fi dhugaatii hunda irraa fi walqunnamtii saalaa irraa of qusachuu jechuudha. Faayidaa fi barumsa babbareedaa soomanaa keessaa:

- Faayidaa hafuuraa: Taqwaa (sodaa rabbii) fi Ikhlasa guddifna. Baatiin sooma Ramadaanaa araara fi dhiifama Rabbii argachuu, ibidda Jahannam irraa baraaramuu fi jannata keessatti jireenya bara baraa argachuuf carraa gaarii nuuf ta'a.
- Faayidaa naamusaa fi miiraa: Mana barumsaa Ramadaanaa (soomaa) keessatti, beela fedhii malee namoota miliyoonaan lakkaa'aman kutaalee addunyaa adda addaa keessa jiraniif beekamtii kennina. Kunis akka qooddannu, kunuunsinu fi gad of deebisnu, arjaa fi gara laafessa ta'uuf nu kakaasa.
- Faayidaa barnootaa: Soomni barumsa hedduu nu barsiisa; Fakkeenyaaf, amala badaa kan akka garmalee nyaachuu jijjiiruun ykn dhiisuun akka danda'amu ni argina. Soomni amala keenya adabuudhaan obsaa fi of to'achuu akka dandeenyu nu leenjisa. Kana malees Nabiyyoonni Rabbii kan akka Muhammad, Muusaa fi lisaanis soomaa akka turan nu yaadachiisa.
- Faayidaa fayyaa: Adeemsa soomaa keessatti qaamni summii fi cooma garmalee ofirraa baasa. Doktooronni fi ogeeyyiin soorataa yeroo baay'ee sooma akka 'balfa gubuu' fi 'yaala fayyisuu' jechuun ibsu, akkasumas akka qoricha dhukkuboota adda addaatti leellisu.



# Utubaawwan Islaamummaa shanan

(kan itti fufe...)

## 5. *Hajjii* (Pilgrimage):

Hajjiin Imala gara Makkaatti godhamu yoo ta'u, Muslimni kamiyyuu hanga qaama, sammuu fi maallaqaan dandeettii qabutti, umurii isaa keessatti al tokko raawwachuu qaba.

Akkuma utubaawwan Islaamummaa kaanii hunda Miidhagina, barumsi fi faayidaan Hajjii baay'eedha. Mu'mintoonni bifa fi sanyii adda addaa qaban miliyoonaan lakkaa'aman waamicha Nabi Ibraahiim (haadha warraa isaa Hajaraa fi ilma isaa Ismaa'iil waliin) fudhatanii sirna Hajjii hedduu waliin kan walqabatuudha. Rabbiif bitamuu fi ajajamuu, obbolummaa Islaamummaa, tokkummaa, obsa, wareegama, kadhannaa, sadaqaa fi soomanni; qajeelfamootaa fi yaad-rimeewwan dinqisiisoo hojii Hajjii keessatti mul'ataniidha. Hajjiin waggaa waggaadhaan gaggeeffamu kun walga'ii amantii gosa isaatiin addunyaa irratti taasifamu keessaa isa tokko kan dhugaa ba'uu fi kan agarsiisudha.

Yeroo walitti dabalamiinsa ajaa'ibaa sanyii fi bifa hundumaa, hundi isaanii Rabbii tokko tajaajiluu fi ergaa tokko hordofuu kana keessatti, Maalkom Eks (Malcolm X) fi kanneen biroo bareedina amantii dhugaa, obbolummaa Islaamaa fi walqixxummaa argatan.

Maalkom Eks akkas jedhe, ***"Hajjiin koo ilaalcha koo bal'ise. Hubannoo haaraan na eebbise. Torban lama keessatti Biyya Qulqulleettii keessatti waanan waggoota soddonii sagal as Ameerikaa keessatti argee hin beekne arge. Obbolummaa dhugaa keessatti sanyii hunda, bifa hunda - ija halluu diimaa qabu hanga Afrikaanota gurraachaatti arge! Tokkummaadhaan! Gaafa waliin jiraatan! Gaafa waliin gabbaran!"*** (Seena jireenyaa Maalkom Eks)

# Hiika Maqaa Gurguddoo Islaamummaa Keessatti

**Allaah:** Afaan Arabaatiin Allaah maqaa sirrii rabbii dhugaa tokkicha Uumaa ta'eeti. Islaamummaan Allaah rabbii dhugaa ilma namaa hundaa akka ta'e barsiisa.

**Muhammad:** Nabiyyii dhumaa Rabbi dhugaa tokkicha, Allaah, Uumaa irraa dhala namaa hundaaf ergame. Muhammad namoonni hundi Rabbiin (Allaah) qofa akka gabbaran ajajaa ture.

**Islaamummaa:** Fedhii Rabbi dhugaatiif bitamuudha.

**Muslima:** Fedhii Rabbi dhugaa tokkichaaf nama bitame.

**Qur'aana Kabajamaa:** Dubbii rabbii dhumaa, rabbii tokkicha dhugaa. Nabi Muhammad irratti kan bu'e.

**Masjiida:** Iddoo ibaadaa qulqulluu Muslimoonni irra caalaa salaataa fi ibaadaadhaaf itti fayyadaman.



**Rabbiin Afaan Arabaatiin**



**Rabbiin (Waaqa dhugaa) kadhatu**



**Qur'aana Ulfina qabeessa**



**Muhammad afaan Arabaatiin**



# Ragaa Iimaanaa (karra Islaamummaa)

“Rabbiin malee haqaan gabbaramaan biraa akka hin jirre ragaan baha, Muhammad Ergamaa Rabbii akka ta’es ragaa nan ba’a.”

Afaan Arabaatiin akkas jedha:



kan akkanatti dhaga’amu:

**ASH-HADU AN-LAA ILAAHA ILLALLAAH,  
WA ASH-HADU ANNA MUHAMMADAN  
RASUULU-LLAAH.**



Kun ragaa iimaanaa namni tokko Islaamummaa fudhachuuf sa-galee dhageessisuu qabuudha; dhugaa, bareedinaa fi salphaa ta’uu Islaamaa gabaabsee ibsa.



# DISCOVER

— ITS BEAUTY —

[WWW.DISCOVERITSBEAUTY.COM](http://WWW.DISCOVERITSBEAUTY.COM)



Scan godhaa

GLOBAL ACADEMY FOR TRANSLATION AND EDUCATION (GATE)  
LONDON | THE UNITED KINGDOM

Kan hiikame AL ANDALUS GROUP LTD  
[www.alandalusgroup.org](http://www.alandalusgroup.org)

كتاب أبجديات الإسلام بلغة الأورومو